Dirqamummaa isaa amanee akkasuma mindaa isaa Rabbiin irratti herregatee namni ji'a Ramadaanaa soome badii isaa irraa kan darbe isaaf dhiifama

Abuu hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Dirqamummaa isaa amanee akkasuma mindaa isaa Rabbiin irratti herregatee namni ji'a Ramadaanaa soome badii isaa irraa kan darbe isaaf dhiifama".
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti Rabbitti amanuuf jecha, dirqamummaa soomaa, gatii guddaa fi mindaa irraa waan Rabbiin ol ta'e worra soomaniif qopheesse dhugoomsuuf jecha, haala fuula Rabbii ol ta'ee kajeelaa ta'een, kan argisiifannaa fi na dhaga'aan keessa hin jirre namni ji'a Ramadaanaa soome badiiwwan isaa kan darban isaaf dhiifaman jechuudha himan.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/4196